2020

Election ates

Amajjii (January) 17
Osoo qaamaan hin argamin sagalee kennuun ni eegala

Guraandhala (February) 11
Dursi-galmee kan inni goolabamu 5p.m. irratti

Bitootessa(March) 3
Guyyaa filannoo jalqabaa kan Pirezidaantummaa
buufattoonni filannoo 7 a.m. hanga 8 p.m. tti banamoo ta'u.**

Waxabajii (June) 26
Osoo qaamaan hin argamin sagalee kennuun ni eegala

Adoolessa (July) 21
Dursi-galmee kan inni goolabamu 5p.m. irratti

Hagayya (August) 11
Guyyaa filannoo sadarkaa jalqabaa
buufattoonni filannoo 7 a.m. hanga 8 p.m. tti banamoo ta'u.**

Fulbaana (September) 18
Osoo qaamaan hin argamin sagalee kennuun ni eegala

Onkoloolessa(October) 13
Dursi-galmee kan inni goolabamu 5p.m. irratti

Sadaasa(November) 3
Guyyaa filannoo waliigalaa
buufattoonni filannoo 7 a.m. hanga 8 p.m. tti banamoo ta'u .**

** *Waraqaan filannoo 'Absentee' gaafa Sadaasa (November) 3 eegalee maxxanfamanii turuudhaan gaafa Sadaasa (November) 10 fuudhamuu qabu .*

hennepin.us/filannoo

60-100-26A-20

Mana Sirreessaa keessa taa'uun sagalee filannoo kennuu 2020

Yeroo ammaa sababa adaba yakkaa cimaa ta'een, kan yeroo yerootti qaama dhimmi isaa ilaallatuuf gabaasa itti dhiheessuu (probation), sharxii (parole) ykn sirraa'uuf waadaa seenuudhaan mana hidhaatii baafamuu eegamaa jiraachuu (supervised release) dabalatee kan argamtan YOO TA'E MALEE, galmeen yakka keessanii Minnesotaa keessatti mirga filachuu keessanii HIN daangessu.

Waraqaa filannoo (Absntee ballot) argachuuf, hooganaa mana sirreessaa keessanii gaafadhaa. Waajjirri Filannoo Hennepin County kun ammoo waraqaa filannoo (absentee ballot) karaa poostaa kan isiniif ergu ta'a. Waraqaan Filannoo kunis akkuma guutamee xumurameen gara Waajjira Filannootti deebifamee karaa poostaa ergamuu qaba.

hennepin.us/filannoo

Hennepin

Filannoo kana keessatti qooda fudhachuuf ani ga'aa dha?

Filachuudhaaf, kan isin irraa eegamu:

1. Lammii U.S. ta'uu;
2. Yoo xinnaateef Gaafa guyyaa Filannootti umuriidhaan18 guutuu;
3. Guyyoota 20f jiraataa Minnesotaa ta'uu;
4. Guyyaa filannootti, adabbii yakkaa kam irraa iyyuu kutaa hundaa waliin xumura argachuu; ;
5. Akka waan ga'umsa hin qabneetti mana murtiitiin kan HIN hoogganamane.

Yaadachiisa: Guyyaa Filannootti mana sirreessaa keeessa kan jirtan yoo ta'e, hanga sanatti murtoo kan hin argannee, fi adabbii yakka kan duraanii irraa (yoo jiraate) walaba hin baane yoo ta'e, haalli keessan ulaagaa ni guuta 4.

Waa'ee haala seerawaa ta'uu (legal status) keessanii adda hin baafannee?

Yeroo tokko tokko garaagarumaan himannaa yakkaa (felony charge) fi badii yakkaa (felony conviction)gidduu jiru bita kan namatti galuu dha. Waa'ee haala mirga seeraan qabdanii ilaalchisee caalmaatti hubachuuf abukaatoo keessan waliin haasa'aa.

Dursitanii galmooftaniittuu?

Yoo galmooftaniittu ta'ee, fi maqaan keessanii fi teessumni keessan hanga ammaatti kan hin geeddaramne ta'e, hoogganaa mana sirreessaa keessanii quunnamuudhaan gaafannoo unka caardii filannoo kan "Absentee" gaafachuu dandeessu. Waajjirri Filannoo kun unka gaafannoo caardii filannoo keessanii yeroo tokko erga fudhateen booda, kaardiin filannoo kan 'absentee' karaa poostaa isiniif ergama. Waraqaan Filannoo kana guuttanii akka xumurtaniin karaa poostaa deebisaatii ergaa.

Hanga ammaatti hin galmoofnee?

Hooganaa mana sirreessaa keessanii wajjin wal quunnamuudhaan unka waraqaa filannoo kan 'absentee' gaafachuu qabdu. Waajjirri Filannoo kun unka gaafannoo caardii keessanii yeroo tokko erga fudhateen booda, kaardiin filannoo kan 'absentee' karaa poostaa meeshaalee sagalee kennuuf gargaaran waliin isiniif ergama.

Haala milkaa'aa ta'een galmaa'uuf teessoo dhaabbataa ta'etu isin barbaachisa(teessoon dhaabbatichaa ga'aa miti). Dabalataanis, lakkoofsa hayyamaa kan konkolaachisummaa keessanii, lakkoofsa waraqaa eenyummaa kan Isteetaa, ykn lakkoofsa nageenya hawaasummaa keessanii beekuu isin barbaachisa.

Filachuu nan danda'aa, yoo…

Yakka cimaa ykn gochaa gadhee ta'e kanan raawwadheenan himatame ykn yakka uume jira ta'e?

EEYYEE

mana hidhaa keessa jiraadhee, garuu yeroo ammaa adabni yakkaa cimaan natti murame hin jiru ta'e hoo?

EEYYEE

Yakkaan himatamee kan jiru ta'e, garuu hanga ammaatti natti hin murtoofne hoo?

EEYYEE

Yoo murtoon natti kennameera ta'e hoo?

EEYYEE

Murtoo yakka kiyyaa hundumaa Isteeta kan biraa keessatti kanan xumure yoo ta'e hoo?

EEYYEE

Murtoo yakkaa anatti murtaa'e hundumaa, kan yeroo yerootti qaama dhimmi isaa ilaallatuuf gabaasa itti dhiheessuu (probation) ykn sharxii (parole) dabalatee kanan xumure ta'e hoo?

EEYYEE

Yeroo ammaa murtoo yakkaa anatti murame jalatti, kan yeroo yerootti qaama dhimmi isaa ilaallatuuf gabaasa itti dhiheessuu (probation) ykn sharxii (parole) dabalatee kanan argamu ta'e hoo?

LAKKII

Turtiin murtoo kan anatti laatame haqamuudhaan yeroo ammaa murtoo yakka cimmaaf tajaajila kennuu irratti kanan argamu ta'e hoo?

LAKKII